




# EKER-DUBBIFTOONNI YEROO SAAXILAMAN

Barnoota 10ffaa Waxabajjii 8, 2024





Sagaleen guddisee nama abboomu, sagaleen angafa ergamootaa in dhaga'ama, malakanni Waaqayyoos in afuufama. Kana hundumaa wajjin gooftaan waaqa irraa gad in bu'a; warri Kristositti amananii du'an dura in kaafamu. Kana booddee nuyi warri utuu hin du'in hafne immoo, isaanumaa wajjin qilleensa keessatti gooftaa simachuudhaaf duumessa keessa ol in butamna; ergasii yeroo hundumaa gooftaa bira in jiraanna.

1 Tas. 4:16,17

Sobni jalqaba diyaabiloos nutti hime: “hin duutan” kan jedhu ture (Uum. 3:4). Nummoo ni amanne.

Nama kan ta’e hundinuu ni amane – amanuus itti fufe – akka lubbuu hin duune qabnu, ykn nu keessaa waanti hin duune kan of beeku tokko akka jiru amanne.

Faallaa kanaa, Macaafni Qulqulluun as irratti ifaa dha: “Lubbuun cubbuu hojjette in duuti” (His. 18:20). Wal’aansoon guddichi gaaffii tokko irra naanna’a: Eenyuun amanta, diyaabiloosmoo Waaqayyoon?







**Eker-dubbiftummaa fi du’a:**

- Lubbuu hin duune.
- Du’a Kakuu Moofaa keessatti.
- Du’a Kakuu Haaraa keessatti.

**Eker-dubbiftummaa bara dhumaatti:**

- Milikkitaa fi dinqii.
- Kaayyoo eker-dubbiftummaa.

# EKER-
# DUBBIFTOOTAA FI
# DU’A

# LUBBUU HIN DUUNE

*"Akkuma duumessi irraa jalaan tamsa'ee badu, akkasuma namni du'ee awwaalamu ol hin deebi'u;" — Iyo. 7:9*



Akka walii galaatti, namni uumama lama qaba jedhamee amanama: qaamaa fi hafuura (ykn lubbuu). Isaan kun lamaan adda adda jiraatu jedhamee amanama.




Garuu Macaafni Qulqulluun "kutaa" sadii irraa hojjetamne jedhee barsiisa: "hafuura, lubbuu, fi qaama" (1Tas. 5:23). Kutaawwan kun sadanimmoo wal keessa jiru jedhees barsiisa. Uum. 2:7 Waaqayyo, qaama uumee, jireenya (hafuura) itti gashe, innis lubbuu jiraataa ta'e jedhee barsiisa, ("jiraataa" inni jedhu Afaan Ibrootaatiin nefesh = "lubbuu" jechuu dha).

Kanaaf egaa, lubbuun, walitti dhufeenya qaamaa fi hafuuraati. Lubbuu hin qabnu, nutu lubbuu dha malee.

Yeroo hafuurri jireenya kennu nu keessaa ba'u, jiraachuun keenya in dhaabata. Kutaa qaama keenyaa keessaa erga nuy duunee booda kan jiraachuu itti fufu hin jiru. Qaamni in du'a, hafuurri (humni jireenya kennu) gara Isa kenneetti deebi'a, lubbuun, bu'aa walitti dhufeenya qaamaa fi hafuuraa inni ta'e, jiraachuu dhaaba. (Lall. 12:1-7; His. 18:20; Iyo. 7 :7-9).

# LUBBUU HIN DUUNE

*"Akkuma duumessi irraa jalaan tamsa'ee badu, akkasuma namni du'ee awwaalamu ol hin deebi'u;"— Iyo. 7:9*





Erga gaafa cubbuun biyya lafaatti galee, Seexanni namoota warra du'anii wajjin wal quunnamuudhaan, waa'ee yeroo ammaa ykn isa gara fuulduraa baruu barbaadaniitti fayyadameera.

Namoonni akkasii, warri mala biraa kan akka nama ta'uu, maajikii ykn sirna hawaa dubbisan, yeroo ammaa hafuuressitoota (ekera-dubbiftuu) jedhamanii beekamu.



Macaafni Qulqulluun akka barsiisutti, "namni waan akkasii hojjetu/shaakalu kamiyyuu Waaqayyoon duratti ciiggaasisaa dha" (Kees. 18:10-12). Adabni yakka akkasiis du'a ( Lew. 20:27).

Yommuu isaan, "Warra ekeraa dubbisan, warra qaalluu, warra hasaasanii fi warra guunguman gaafadhaa!" isiniin jedhan, isin immoo, "Sabni maaliif Waaqayyoon gaafachuu dhiisee waa'ee warra jiranii warra du'an gaafata?" jedhaa! Warra akka abboommii kanaa fi akka dhugaa kanaatti hin dubbanneef lafti hin bari'u; - Isa. 8:19,20

# DU’A KAKUU MOOFAA KEESSATTI

“Warri du'oon, iddoo warra calluma jedhaniitti kan gad bu'an, Waaqayyoon jajachuu hin danda'an.”— Far. 115:17



Yeroo sirni awwaalaa geggeeffamu, yooma namni “firri keenya gara si’olitti deemaa jira” jedhu hin jiru ta’ellee, namoonni baayyeen, namni yeroo du’u, “gaarii” yoo ta’e gara samiitti Yesuus bira, hamaa yoo ta’e gara adabaatti ykn joormaatti adeema jedhanii dubbatu. Garuu Macaafni Qulqulluun waa’ee kanaa maal barsiisa?

| | |
|---|---|
| Erga duunee booda Waaqayyoon galateeffachuu in dandeenyaa? | Faar. 115:17 |
| Warri du’an, maatii ykn hiriyoota isaaniitti maaltu akka dhufu beekuu? | Iyo. 14:21 |
| Warri du’an warra jiran quunnamuu in danda’uu? | Lall. 9:6 |
| Erga duunee booda yaaduu in dandeenyaa? | Lall. 9:5 |
| Erga duunee booda hojii kamiinuu hojjechuu in dandeenyaa? | Lall. 9:10 |

Kakuu Haaraan, duuti abjuudha jedhee barsiisa. Hirriba yeroo Waaqayyo gara jireenyaatti nu waamu qofa dammaqnu dha jedha (1 Moot. 2:10; 14:20; Dan. 12:13).





# DU’A KAKUU HAARAA KEESSATTI

“Yesus kana erga dubbatee booddee, "Alaazaar firri keenya rafeera, ani immoo dhaqeen isa dammaqsa" isaaniin jedhe.”— Yoh. 11:11

Akkuma Kakuu Moofaa, Kakuu Haaraanis, duuti hirriba Yesuus qofti keessaa nu kaasu dha jedha (Yoh. 11:11-14; Yoh. 5:28-29).

Phaawuloos warra Tasaloniqeef yeroo barreessu, “warri rafan” jechuun warri du’an, yeroo Yesuus lammata deebi’ee dhufu, du’aa kaafamu jedha. (1Tas. 4:13-18). Phaawuloos, utuu amantootni yeroo du’an gara Yesuus dhaqu jedhee amana ta’ee, isa sila jedhe sana dhiisee isa kana itti hima ture.





Waa’ee warra du’anii Phaawuloos yeroo dubbatu, “yeroo dhufaatii Isaatti” du’aa in kaafamu jedha, isa dura hin kaa’an. (1Qor. 15:22-24). Hundumti keenyas “akka hin duune” nutti hima. Warri jireenyatti jiran battalatti in geedderamu, garuu warri du’an yerooma kaa’an geedderamanii ka’u (1Qor. 15:51-52).

Yesuusii wajjin ta’uudhaaf du’aa ka’uun murteessaa dha. Du’aa ka’uu malee fayyinni hin jiru (1Qor. 15:13-18). Dhaala keenya kan fudhannu yeroo du’aa kaanu dha, kanaaf yeroo sana eeguu qabna (1Phex. 1:3-5).

# EKER-DUBBIFTUMMAA BARA DHUMAATTI





# MILIKKITAA FI DINQII


*“Masiihonni sobaatii fi raajonni sobaa ka'anii, yoo danda'ame warra Waaqayyoof fo'aman iyyuu wallaalchisuudhaaf, milikkitaa fi dinqii adda addaa in argisiisu.”—* Mar. 13:22

**Hafuuressitummaan/eker-dubbistummaan sochii kallattiidhaan Seexanni geggeessu dha, bu’uurri isaa immoo lubbuun hin duutu isa jedhudha. Hordoftoonni isaa, warra du’anii wajjin akka dubbatan amanu, humna humnaan oliis akka irraa argatan dubbatu.**




**Yoo ammaaf Waaqayyo isaan daangesse iyyuu, yeroo Inni itti dinqii warra ilaalan hundumaa amansiisuu danda’u akka hojjetaniif heyyamuuf in dhufa. (Mar. 13:22; 2Tas. 2:9; Mul. 7:1 ; 13:13-14 ).**

**Nama afaan du’aa irra ga’e yeroo inni fayyu; konkolaataan akka nurra hin baaneef yeroo battalatti dhaabsifamu; haati keenya nuy baayyee jaallannu duutee kan turte, ijuma keenya dura dhaabattee yeroo haasoftu… dinqii akkasii kan hojjetan hin amannuuree? Miira keenya ykn waan nutti dhaga’amu amanuutu nu dhiba.**



**Sagalee Waaqayyoo beekuu keessa nagaa jiruu fi Yesuusitti amantaa guutuu qabaachuutu qormaata seexanaa isa dhumaa akka morminuuf nu dandeessisa. (Isa. 8:20; Efe. 6:13).**

# KAAYYOO EKER-DUBBISTUMMAA

"Isaan hafuurota Seexanaa warra milikkita garaa garaa argisiisanii dha; isaan kun moototа, guutummaa biyya lafaa lola guyyaa isa guddicha kan Waaqayyoo hundumaa danda'u sanaaf, walitti qabuudhaaf warra ba'anii dha."— Mul. 16:14

Kaayyoon Seexanaa waraana Waaqa irratti bane mo'uu, mootummaa Isaa galagalchuu fi teessoo Isaa qabachuu dha (Isa. 14:13-14). Kana gochuuf immoo, humnoota siyaasaa nu bulchan irraa jalqabee tarsiimoo ittiin nama kamiinuu mo'achuu danda'u fayyadama (Mul. 16:12-14).



"Diraamaa gowwomsaa gurguddaa hojjechuu keessatti, Seexanni ofii isaatiin Kiristoosiin fakkaatee dhihaata"
(EGW "The Great Controversy", Chapter 39 p. 625.)





Garuu yeroo sanatti dha kan Yesuus seenicha gara xumuraatti fidu (Mul. 16:15). Seexanni diina mo'amaa dha. Kiristoos isa mo'eera, warri dhiiga Kiristoositti marmanis isa mo'aniiru (1Yoh. 2:14; 4:3-4; Mul. 3:21; 5:5; 12:11).

Mallattoon warra gowwomsaa eker-dubbiftuu kana mo'atanii: "abboommii Waaqayyoo eeguu fi amantii Yesuusitti qabamanii jiraachuu" isaaniiti. (Mul. 14:12).

“Qulqulloonni hubannaa dhugaa yeroo gadi fagoo ta’e, Macaafa Qulqulluu keessatti caafamee jiru qabatanii turuun dirqama isaanii akka ta’en arge. Namoonni yeroo du’an maal akka taa’an beekuu qabu; sababni isaa, hafuuronni seexanaa, firoota isaan jaallatan ykn hiriyoota fakkaatanii barsiisa faallaa wangeelaa qabatanii gara isaanii dhufu waan ta’eefi dha. Aangoo isaaniitiin waan danda’an hundumaa gochuudhaan, dinqii fuula isaanii duratti hojjetan mirkaneeffachuu barbaadu. Sabni Waaqayyoo, dhugaa Macaafa Qulqulluu isa warri du’an homaa tokkoyyuu hin beekan warri mul’atan sun hafuurota hammeenyaati isa jedhu beekuudhaan, hafuurota kana dura dhaabachuu qabu. "

EGW (Early writings, p. 262)